GOSUMMAA(DAMIINUMMAA)

SIRNA ARAARAA NAANNOO HARARII

Chala Abrahim

ID.NO: 0508



Qopheessaa: Caalaa Abrahiim

Harar, Ethiopia

Barreessaa

Ana barreessaan barreefama kanaa haramaayaa yunivarsititti barataa digrii lamaffaa kan ta'e **obbo Caalaa Abrahim Yusuf** jedhama. Dhaladhee kan guddadhe naannoo Hararii Aanaa Soofii yoo ta'u yeroo ammaatti achuma jiraataa magaalaa hararriiti.

Laakk.Bil:- 0915172765/0901357355

Email:-chalaibrahim82@gmail.com

Baafata

Fuula

1. Galata…… I

2. Seensa……,…….. II

3. Naannao Hararii..……..…….…… 1

4. Gosummaa (Damiinumma)…….……..…… 3

5 Gosummaa (Damiinummaa) ilaalchisee haala qabatamaa yeroo ammaa. …….…….... 5

- Faayidaa fii cimina Gosummaa (Damiinummaa)……..……..……..5
- Hanqina fii dadhabina Gosummaa (Damiinummaa)……..……..6
- Yaada furmaataa……..……7

6. Gosummaa (Damiinummaa) ilaalchisee wantoota hubatamuu qaban ……..…….….. 7

- Akka biyyaatti wantoota godhamuu qaban……..……7
- Wantoota irraa barannu..……...……..……..8
- Miira natti dhaga'ame…….....……..…….8

9. Xumura……...…….... 8

10. Maddoota yaada…….....…… 9

Galata

Duraan dursee akkaan barreefama kana jalqabee xumuru kan na godhe Rabbiin galateeffadha, itti aansuudhaan warreen odeefannoo naaf kennan galteefachuu barbaada keessattuu abbaa kiyyaa Abraahim Yuusuf bay'een isaan galateefadha odeefanno naaf kennuu isaatiifii warra odeefannoo naaf laatuu danda'an naaf eeruu isaatiif akkasumaas obbo Bahar Mohaammad gazaxeessa mass miidiyaa naannoo Hararii fii obbo hassan muhaammad muuxannoo yeroo dheeraa araara keessatti qabanirraa odeefannoo naaf kennu isaanitiif bay'een galatefachuu barbaada. Xumura irratti barsiisaa wandimageny waldee barreefama kana gulaaluu isaatifii yaadaan hamma dhumaatti na faana turee na deeggaruu isaatiif bay'een galateefachuu barbaada.

Seensa

Ummanni naannoo Hararii keessatuu umanni oromoo naannoo tana keessa jiraatan sirna aadaa ittiin walitti-bu'insa garee lama jiddutti uumamte furanii araara gareelee lamaan jiddutti ittiin buusan baroota dheeraa dura itti fayyadamaa turan hanga ammaati itti fayadamaati jiran. Araaara buusuu fii nageenya naannoo isaanii tasgabbeessuu keessatti aadaa fii waliin jireenya hawaasummaa isaanii tikfatanii har'a gahanii jiran, kuni immoo baroota dheeradhaf motummadhaan xiyyefannaan itti kennamee wanti irratti hoojjatame tokko hin jiru.

Barbaachisummaan barreefama gabaabaa kanaatiis duudhaa hawaasni naannoo Hararii araara buusuu keessatti yeroo dheeradhaaf ittiin bulaa dhufe ibsuudhaaf kan qopheefameedha.

Waldhabdeen uumamaa fii jireenya waliin jireenya ilma namaa guyyaa guyyatti godhamu keessatti kan uumamuu danda'u yoo ta'u akka beektonni tokko tokko jedhanitti waldhabdeen amala ilma namaa ta'uu wajjiin walitti bu'insi kan dhimma tokko irraa ka'uudhaan baballatee gara wanta hin barbaachifneetti kan nama geessuu danda'u ta'uu ragaa bahu.

Yoo walitti bu'insi (wal dhabdeen) yeroodhaan hin hiikamin gara waldhabbii ummataa (sabootaa), gara waraanaa fii gara kufaatiitti ummata tokko geessuu dand'a.Kanafuu dudhaan araara buusu hawaasni qabuu fii yaanni moo'ataan wal-dhabbii uumamerratti furmaata itti kennuun gahee isaa ol'aanaa dha.

Naannoo Harariі

Naannoon Harariі naannolee Mootumma Federaalawaa Dimokraatawaa Itiyoophiyaa jala yeroo ammaa jiran keesaa naannoo 9ffa irratti ramadamti. Naannoon Harariі kan argamtu Itiyoophiyaa gara kalattii bahaatti tan argamtu yemmu taatu naannoo oromiyaa aanaalee godina harargee bahaa keessa jiraniin marfamte argamti. Hundeeffamaa fi guddinni naannoo harariі daldala galaanarraa dooni za'ilaa tan qarqara galaana yeroo amma kaaba somaliyaa keessatti argamtu wajjiin kan walqabateedha.

Akka staatiksiin biyyoolessaa bara 2007GC argisiisutti lakkoofsi ummata naannoo harariі keessa jiraatuu gara namoota 183,415 kan ta'udha. Ummanni naannoo tanaa harki caalaan isaa 99,368(54.18%) kan ta'u magaalaa kan jiraatuu fii kan hafe baadiyyaa kan jiraatu ta'uu argisiisa. Qoodaminsi sabaa kan ummata naannoo kanaa kan haammatu parsantiin 56.41% Oromoo,22.72% Amaaraa, 8.65% Harariі, 4.34% Guraagee fii kan hafee 7.8% Argobbaa dabalatee sabaa fii sablammoota birooti. Gama qoodaminsa amantiitin yeroo ilaallu Muslimni harka 60.28% yoo ta'u 38.09% hordoftoota amantii Ortoodoksiiti akkasuma Prootestantiin 0.94%, Kaatolikiin 0.46% fii 0.1% kan ta'an hordoftoota amantii birooti. Afaanonni dubbatamaan Afaan oromoo (56.84%), Amaariffa (27.53%), Harariі (7.33%), Afaan somaalee (3.70%) fii Afaan guraagee (2.91%) akka ta'an ragaan ni ibsu.

Umannii sabaa fii amantiin garaa gara ta'e kun aadaa waliin jireenya gaarii fii wal danda'uu isaan jiddutti kan uume aadaa fii dudhaa gaggaarii ta'e kan barootaaf itti fayyadamaa dhufan qaban. Tahuus, barreeffamni as keessatti ani dhiheesse kun karaalee ittin araaraa buusanii fii wal-dhabbii jiru ittiin hiikan kan sabni oromoo naannoo Harariі keessa jiraatu saboota biroo waliin qaban irratti kan xiyyeeffateedha. Naannoo kana keessatti karaaleen mana murtii deemudhaan maletti araara ittiin buusan bay'ee baratamaa ta'uu ragaan ni argisiisa.

Oromoon naanno Harariі oromoota gara biroo jiraatan waliin kan aadaa fii seenaa qooddatuu fii sirna ittiin bulmaata ummata oromoo kan ta'e sirna **Gadaa** fayyadamuudhan kan ittiin of bulchaa ture tahuu seenaan ni ibsa. Baballina ummata oromoo irraa kan ka'e oromoon lafa isaarra kallattii garaa garaa jiraatu odaa shaan jalatti isaanis; odaa nabee, odaa roobaa, odaa bulluq, odaa bisil fii odaa bultum jalatti walitti dhufee seera mataa isaa tumatee ittiin bulaa turee. Oromoon baha oromiyaa jiraataniis odaa bultum jalatti wal gahuun seera tumatanii kora isaanii gaggefacha turan, adeemsa keessa dhiibbaa siyaasaa gama alagaatin irratti gaggeefama ture irraa kan ka'e sirni gadaa kun laaffachaa deemuun akka ummanni oromoo walitti hin dhufne taasifamee jira. Baroota baay'ee booda oromoon bareentoo ilmaan Afran qalloo kan ta'an sirna gadaa badee ture debbifatanii ittiin buluudhaaf harargee bahaa iddoo *Fugug* jedhamutti walitti dhufanii *seera tumaa afran qalloo* kan jedhamu tumatan. Seerri isaan tumatan kun of qofaaf ittin buluuf osoo hin ta'in walitti bu'insa saboota biraa waliin uumameef illee akka seera araaraatti seera hunda kaa'anii irratti waliif galan. Sirnuma gadaa ilmaan afran qalloo ittiin bulaa turan kanatti Amiironni Harar bulchaa turan walitti dhufeenya ummata oromoo waliin cimsachuuf sirna kana fayyadamuu akka eegalan manguddonni ni himu. Ta'uus garuu dhibbaa gama amantii islaamaatiin irraa ga'urraa kan ka'e sirni gadaa kan oromoon afran qalloo ittiin bulaa turte kun

hamma tokko bifaa fii adeemsa isaa jijjiirate ture. Sirni kuniis maqaa isaa gara **Damiinummaa** jedhamutti jijjiiramee jira.

Akkuma beekamu sabni Oromoo saba bal'aa biyya Itiyoophiyaa kessatti argamuu fii kan horteen isaa jalqaba irraa eegalee hamma dhumaatti adda bahee beekamuu fii kan hortee isaa ykn gosa isaa dhalootarraa dhalootatti dabarsuudhaan ilmi abbaarraa kan barachaa dhufeedha. Oromoon naannoo Hararii keessa jiraatu ilmaan Bareentoo ilmaan Afran Qalloo (Ala, Oborraa, Daga (Noolee fii Jaarsoo) fii Baabbile) yoo ta'an, isaan keessaa baay'inaan ilmaan Dagaa kan ta'e Noolee fii ilmaan 12n Alaa (Buubbu, Gutayyu, Diiramu, Eree, Galaan, Arroojjii, Goollo Abbaadho, Meettaa, Kaako, Abbayi fi Nuunnu) tuu naannoo tana keessa jiraata.

Amaluma ummata Oromoo kan ta'e ummanni Oromoo haammataa tahuun isaa ni beekama, kana irraa kan ka'e sabaa fii sablammii adda addaa kan isa keessa jiraatu kabajee ofitti fudhatee sirna inni qabu kana kessatti akka fayyadamuuf adeemsa **Lallabannaa** jedhamuun nama gosti isaa hin jirre tokkoo yeroo rakkoo wal bira dhaabbachuufii yeroo wal dhabbiin isaan jidduti uumaamte Gosummaadhaan ykn Damiinummadhan furachuudhaaf gosa naannawa san jirtu keessatti lallabatee ni makama jechuudha.

Gosummaa (Damiinummaa)

Gosa jechuun afaan ingiliffaatiin “Clan” isa jedhamu yoo ta’u kan horteen saba tokkoo hidda dhiiga isaanin walitti dhihaatan jechuudha. Gosummaa jechuun ammo karaalee ittiin araara buusan kan oromoo naannoo Hararii akka dhiigni isaanii walitti dhihaatutti duri irraa eegalee hortee irraa dhalatan abbotii isaani irraa odeefachuun dhalootarraa dhalootatti dabarsaa gosa ykn balbala adda addaatti wal waamuudhaan yeroo rokkoo ittiin wal deeggaaruuf fii walitti bu’insa uumame dura-bu’aa gosa sanii kan **Damiina** jedhamuun hogganamuun kan ittiin araara buusan jechuudha.

Jechi damiina jedhu hiika garaa garaatuu itti kennama akka madda garaa garaatti. **Damiina** jechuun jecha afaan oromoo lama “*damee hiina”* kan jedhu irraa kan moggafame yeroo ta’u dura bu’aa gosaa (damee), kan gosa takka dura bu’ee walitti hidhu jechuudha. Gama biraatiin ammoo jecha afaan arabaa *“dem aeyn”* kan jedhu irraa moggaafame warri jedhuus in jiru, hiikkaan isaas sabni tokko hidda gosa isakam irraa akka ta’e ittiin wal baraanii ija tokkoon wal ilaaluun (haqummaan) yeroo waldhabbiin saba jiddutti uumame ittiin wal waamanii araara jidduu isaanitti ittin buusudhaaf kan ittiin gargaaraman jechuu dha.

Gosummaa (Damiinummaa) jechuun gosti takka Damiina(dura bu’aa gosaa)tiin durfamuun murtiilee kennamtu hunda kan haammate fii murtii mana murtiitiin malee godhamu jechuudha. Araara buusuu keessatti jechi gosummaa yokiin Damiinumma jedhu kun bakka wal bu’udhaan ni fayyadamaman.

Karaaleen wal dhabdee itti hiikan kan gara damiinaatin raawwatamu kan saba oromoo naannoo Hararii keessa jiraatu birattii kan fayyadamamu qofa osoo hin ta’in ummata oromoo godina harargee bahaa fii dhihaa keessa jiraatan fii saba argobba kan naannoo Hararii jiraatan kan dudhaa fii aadaa ummata oromoo fudhate birattiis sirna araaraa beekkamuu ta’u hubatamuu qaba.

Wal diddaan kan gara Damiinatin furamu caasaalee gosoota oromoo kan harargee keessa jiraniitiin kan qoqqodamee baroota dheeraaf bifa qindoomina qabuun kan hoojirra oolaa dhufe yeroo ta’u, keessatuu balleessaa akka yakkaa isa inni yakka raawwatee fii kan yakki irratti raawwatame hiddi gosa isaanii yoo tokko ta’e wal dhabbin isaan jidduu jiru kan hiikamu damiina(duursaa gosaa) gosa saniitiin furamaa jechuudha. Gama biraatin gareen waldhabde lameen garee gosoota adda addaa irraa taate yoo ta’an wal dhabbin kan furamuu danda’u daminni gosa lammenituu walitti dhufuudhaan wajji mari’atanii kan furan ta’a.

Namootni wal-lolan ykn wal-dhaban kallattii mataa isaaniin damiina gosa isaani yaamuudhaan bakka tokkotti gaaddisa jalatti wal gahanii kan walitti araarsan ta’a. Damiinni gara lachuutu karaa hundaanuu gosa isaani haa duursan malee garuu kan dubbachuu fi murtoo kennuu qaban dhugaa fi dhugaa Rabbii qofa irratti hundaa’uun malee namoota garee gosa isaanirraa ta’eef falmuudhaan miti; kuni safuu dha! “Damiina” jechuun ofiifiyyuu nama hayyummaa qabuu fii haqa hojjetu akka ta’e hubatamuu qaba.

Gosti walitti dhufee walgahii isaanii jalqabuun dura Damiinni gosaa “dhugaa nutti mul’isi; dhugaas nu dubbachiisi” jedhanii Rabbi kadhatu. Warreen wal-dhaban sunis akka Rabbi sodaatanii dhugaa qofa dubbataniif dura wanta sossodaachisaa ta’an itti himuudhaan erga gorsan booda ni akeekkachiisu; Sana booda bitaa fi mirgaan yaada qaamolee lameenii ni dhaggeeffatu; kana booda namoota wal-dhaban kana ofirraa baasanii yaadota jarri kennan irratti ni marii’atu. yaadni ifa hin taane ykn murtoof isaan rakkise yoo jiraate qofa qofaatti waamuun yeroo lammaffaaf ni gaafatu; odeeffannoo sirriitti qulqulleeffachuun murtoo isaanii fuuladuraaf ni mijjeefatu; dhuma irrattis yaada marii isaanii xiinxala of-eeggannoo cimaan guutame waliin gara tokkotti fiduun waliigalu jechuudha. Waliigaltee isaanii sana akka murtoo gosaatti ni beeksisu. Garuu bakka kanatti yoo gareen wal dhabde saan gosa garaa garaa irraa ta’an yoo murtii darbu irratti waliif galuu kan hin dandeenye ta’e qaamni sadaffaan kan garee lachuu irraa hin ta’in jidduu seenudhaan bilchinaan akka waliif galan kan godhamu ta’a qamni sadaffaan kuniis **jaarsa iddoo** jedhamuudhaan waamama.

Fakkenyaaf as irratti akkaataa Damiinni gosa duursuudhaan yakka akka ajjechaa ittiin furan kan ilaallu yoo ta’u. Yeroo namni tokko yakka ajechaa raawwate gosti namicha yakka raawwatee kun namicha kana ni dhoksan hamma gosti nama ajjeefamee san damiina isaani erga waamani booda walitti dhufanii yakka rawwatame irratti wal wajjiin mari’atanii murtii kennuuf qopha’anii, san booda Damiinni gosa namticha yakka raawwatee kun isa ajjeese kana qabanii ofi biratti dhiheessan ykn qaamaa sadaffaa bira amaanaadhaan akka turu ni taasisan; san booddee Damiinni gosa lameenuu warreen beekkamoo ta’an Abbaa Bokkuu kan jedhaman sagal dabalachuudhaan akkaataa yakki itti rawwatamee fi bifa yakki itti raawwatame ilaaluudhan seera dura lafa kayyatan irrati hundaa’un adabbii kan murteessan ykn gumaan akka kaffalamu kan taasisan ta’a.

Gumaan kan kaffalamuus akkaataa fii bifa ajeechaan itti raawwate ilaaludhaan diinummaaf moo dogongoraan ykn tarkaanfii ofirraa ittisuuf godhu keessatti ajjeese kan jedhu sirritti gadi bu’anii xinxaluudhaan gumaan murtaa’a. Gumaan yakka ajjechaa kan diinummaaf namni tokko isa kaan ajjeeseef kaffalamuus loon dhibba tokko fii **tokko (101) ta’a**. Isa keessaa jalqabarratti loon 12 warra maatii namni irra du’eetiif kan kennamu ta’a innis **Raffisaa** jedhama, kan dubbii ittiin raffisan ykn maati miidhame ittiin tasgabbeessan jechuudha. Inni hafe 89 akkasuma sadarka sadarkaadhaan yeroo murtaa’a keessatti firoottan isaatif kan kennamee dhumu ta’a jechuudha. Gumaan ajjeechaaf kaffalamuu bifa mallaqaatiin ykn lafti nama yakka ajjeechaa raawwate irraa fudhamee maati namni irraa ajjeefameef kennama, yeroo tokko tokko yoo namni ajjeefame kun daa’imman hoojjatanii of jiraachisuu hin dandeenye dhiisee kan ajjeefame yoo ta’e inni ajjeese kun hamma daa’imman kun gurguddatanitti kan isaan jiraachisu ta’ee itti murtaa’a. Gumaan kan wali qabamu gosa nama yakka ajjechaa raawwaterraa kan wali qabamu ta’a; ta’ullee garuu namni yakka raawwate wanta qaburraa loonis ta’u hamma tokko kennuun dirqama ta’a. Garuu yoo ajjechaan rawwatame dogongorraan osoo itti hin yaadin ykn ofiirraa ittisuf kan ajjeesu yoo ta’e gumaan inni kaffaluus Raffisaa qofa ta’a innis loon 12 jechuudha.

Guyyaa dhumaa kaffalttiin gumaa warreen miidhameef ittii kennamutti damiinna fii abbootiin bokkuu saglaan damiina wajjin jiran iddoo mijataa mana nama qaama sadaffaa (gosa biraa) irraa ta’e ni filatan, inni yakka ajeechaa raawwate beyladaa irraa wanta tahe wahii qalee foon horii

sanii maati namni irraa ajjefamee wajjiin bakka tokkotti eega nyaatan booda gareen laamaanuu har'a booda irra deebi'anii akka wal hin miinee fii garaa qulqulluun akka walitti araaraman godhee irbuu isaan naquun ni xumuran jechuudha.

Yoo namni yakka raawwate san hin beekamne ta'e maaltu godhama isa jedhuuf, oromoon adeemsa mataa isaa qaba akkataa isa yakka raawwate ittin adda bafachuu danda'an innis **afarsaata** jedhama. Adeemsa kanaan dura bu'aan gosaa iddoo jalatti walitti dhufan eega adda baafatan booda namoota walitti qabanii nama yakka hojjate akka of keessaa baasan ni gorsu. Abbaan bokkuu namoonni ganda keessa jiran hundi akka walitti qabaman hundaafu dhaamsa ni dabarsa, ergas namuutu yakka raawwatame waliin wal qabatee wanta beekaniifii waan shakkkan namuutu eerga himeen booda shakkamaa walitti qabuun isaanirraa yakka raawwachuu isaanii in qulqulleeffatu. Dhumarrattis shakkamtoonni yoo amanuu baataan akka irbuudhaan kakatan ni taasifama *"irbuun saglaan gadii kan saglaan olii ana haa waraantu"* jechuun kakatan, yoo namni kun osoo yakka hojjechuu isaa beeku kan kakatu ta'e yeroo muraasa keessati kan mallatoon irratti mullatu ta'a. Kanaaf ummannii irbuun kakachuu wanta sodaatuuf of dhoksuuf hin yaalan.

Gosummaadhaan araaraa buusuu ilaallatee namni miidhame ykn maatin namni irraa ajjeefame tokko mana murtiin haa na ilaalamu yoo jedhe mirgi isaa ni eeggamaaf.

Gosummaa (Damiinummaa) ilaalchisee haala qabatamaa yeroo ammaa:-

Damiinummaan ykn gosummaan yeroo ammaa kana akka duriitti gara magaalaatti bay'inaan itti fayyadamamaa hin jiru, ta'us garuu gara badiyyaatti yakkoota akka ajjechaa, midhaa qaama walirran ga'uu fii wal dhabbii daangaa lafa qonnaa keessatti bay'inaan yeroo ammaa itti fayyadamama jira.

Sirni araaraa boonsaan kun dargaggeessa biratti bay'ee dagatamee jira, kanaaf yeroo ammaa dargaggeessi sirna kana wallaaluu irraa kan ka'e gosummaa araaraaf osoo hin taane waliif tumsanii miidhaa walirraan geessisuu keessatti gosa adda addaatti wal baasuudhaan gosti humna qabdu kan ittiin gosa muraasa ykn gosa xiqqoo ittiin miidhan yeroon itti mullatu ni jira, kun ta'uu kan danda'e hanqina hubannoo fii dogongora ilaalchaa irraa kan burqe ta'ee natti mullata.

Faayidaa fii ciminaa Gosummaa ykn Damiinummaa keessatti yeroo ammaa muldhatu keessaa:-

- ✓ Yeroo gabaabaa keessatti osoo miidhaan caalu hin uumamin wal dhabbii hiikun garee wal dhabdee jiddutti araara buusu.
- ✓ Akka mana murtiitti gama gosummaatiin araara buusuun baasii harka qallessi tokko haqa argachuudhaaf baasuu akka hin baasne fii dhiheenyatti akka haqa argatuu ni godha.
- ✓ Gosummaan (Damiinummaan) malaanmaltumman keessati hin jiraatu namni tokko haqa argachuudhaaf bifa gubboottiin akkasuma loogummadhaan akka haqxi jalaa hin dhokanne ni godha.

- ✓ Gosummaan hooji manni murtii hojjetu keessatti deeggaruu fii gargaarudhaan nageenyi akka baballatu godhuu keessati shoora ol'aana ni taphata.
- ✓ Hanqina humna namaa kannen akka abba seera abba alangaa fii abukaatoo kan mana murtii keessatti mullatu ni hirdhisa.
- ✓ Duudhaan waliin jireenya ummataa fii jireenyi haawaasummaa akka cimee itti fufu godhuudhaan akkasuma kaffaltiin akka gumaa kan nama miidhame akka madaan isaa qoortu ni taasisa.
- ✓ Damiinummaan (gosummaan) sabaafi sablammoota waliin jiraatan tajaajiluudhaan duudhaa waliinii akka qabaatan taasisa.

Hanqinaa fii dadhabbina gosummaa ykn damiinummaa kessatti muldhatu:-

- ✓ Yeroo tokko tokko warreen hubannoo hin qabne biratti gosummaan walitti dhufanii araara buusuudhaaf osoo hin taane daran namni garee ittiin uumuudhaan kan walitti bu'insa daran baballisuun caalatti yeroon itti wal miidhan ni mullata.
- ✓ Kessatuu yakkoota badii kessatti ittigaafatamumman nama yakka hojjatee ni laafata. Kuniis yoo miseensi nama hidda gosa tokko kessaa ta'e tokko yakka hojjate ittigafatamummaan gumaa kafaluu kan miseensi gosa isaa isa gargaree irraa kaffalamuu dha. Kun iti gafatamummaa kan fudhatuu yakkamaa qofa osoo hin ta'in miseenssi guutun akka itti gafatamummaa yakka sanii akka fudhatuu kan taasisuudha.
- ✓ Sirnii kun yeroo mariif ykn araaraaf taa'u iddoo wal gahii kan mataa isaa kan hin qabnee fii bifa faffaca'aadhaan kan gaggefamaa jiruudha.
- ✓ Sirni araaraa kun dhaloota ammaa biratti hubannoon isaa bay'ee laafe waan deemeef yeroo bay'ee dargaggota biratti gosa adda addati wal qoodanii araaraa buusuu osoo hin taane kan ittin waliif tumsanii yakka rawwatame dhoksuudhaan walwajjiin ta'ani yeroo itti waal midhaantu mullata.
- ✓ Damiinni gosa tokkoo yeroon inni itti filatamu fii adeemsi ittiin angoo walirraa ittiin dadabarsan akka sirna gadaa tti kan murtaa'ee miti.
- ✓ Qindeeffama seeraa ykn dambii ittiin bulmaataa kan barrefamaan taa'ee tokko hin qabuu.
- ✓ Qaama seera kabachiisu kan humna qabu kan akka poolisii dhabuu fii deeggarsi mootummaan as kessati godhu laafaa ta'uu isaa.
- ✓ Sodaa bulchiinsa naannawaa irraa kan ka'e yeroo tokko tokko akka ofitti amanamumma hin qabaanne taasisa
- ✓ Gaheen dubartoonni gosummaa (damiinummaa) kessati hirmaatanii ittin araara buusaan kan yeroo ammaa baay'ee laafa.
- ✓ Araarri erga gosummaadhaan xumuramteen booda haarawatti mana murtii deemuun murtii barbaadu.

Yaada furmaataa kan ta’u keessaa:-

- ✓ Rakkolee jiru kanaaf furmaanni ta’uu qabu jarsoliin biyyaa gosummaan fayidaaf malee ittin wal miidhuuf akka hin ta’in dhaloota ammaa barsiisudhaan sirna daminummaan rakkoo hiikuu kana akka barataniif hubannoo kennuun barbachisaa akka ta’ee.
- ✓ Gosummaan kun bifa daran qindaa’een itti fuufsiisuf akkasuma dudhaalee araaraa dur turee kana itti fufsiisuf motummaan bekkamtii kennefii iddo ittin walgahii ykn kora gaggefatan adda baase qopheesse kennufii akka qabu.
- ✓ Akka asiin dura warreen gosti isaanii nannawa sanitti hin argamneef illee bifa lallabachuu tiin hawaasa sanitti dabalamuu dhan namni tokko sodaa tokko malee jirachuu akka danda’u hubannoo kennun barbaachisaadha.
- ✓ Murtii fii araara bu’u gidduu qamni mootummaa seenee murtii kennuu akka hin qabne gochuu fii yeroo tokkotti qaamni lama dhimma tokko irrati murtii kennuuf wal jeequun akka hin uumamneef mootummaan ummanni wal-dhabbii isaan jidduu jirtu akka hikkataniif duursa gosummaadhaaf kennuu qaba.

Gosummaa (Damiinummaa) ilaalchisee wantoonni hubatamuu qaban:-

Wantoota akka biyyaatti godhamuu qabu keessaa:-

- ✓ Akkuma beekamu biyyiti teenya biyya sabaa fii sablamoota bay’ee qabdu ta’uun cinatti biyya aadaa, seenaa fii duudhaa boonsaa qabdu tan hanga arraatti dhalotaa dhalootatti walitti dadabarsuudhaan arraan geessee jirti. Aadaa, seenaa fii duudhaa waliini qabachuu keenya bira darbee biyyaa teenya keessatti sirnaa araaraa dabalatee jireenya hawaasummaa kessati kabajaan,wal jaalalaan fii wal danda’uun wanta qabnu waliin qooddachaa akka turre beekamaadha
- ✓ Garuu sirni baratamaan duraan ture kun bay’een isaani dhibbaan siyaasa garaagara irratti godhamuudhaan ummanni adaa isaa dagatee, dagachuu bira darbee tufachuudhaan rakkinni keessoo keenyaa akkka babaldhatu fii walitti bu’insii umataa akka dagaagu ta’ee jira.
- ✓ Kanaaf akka biyyaatti kan godhamuu (irratti hojjatamu) qabu mootumman biyya hogganu yeroo hunda aadaa fii duudhaa umanni dur irraa eegalee qabachaa dhufeef beekkamtii kennefii inni dagatamee fii dagatamuu jiruus akka baratamu fii umata kessa dagaagee akka itti fufuu qabu godhuun bay’ee hoojjechuu qabaan yaada ijoo mataa kootiiti.
- ✓ Akka yeroo ammaa sanyummaadhaan wal dhiibu osoo hin taane sirna araaraa fii nagaan waliin jiraachuu ummata biyya kana kan iddoo garaa garaatti argamuu walitti qabuudhaan inni tokko isa kaan irraa akka baratu gochuu fii bifa sirrii qabaatee akka biyya guutuu keessatti hooji irraa ooluu fii dhalootaaf darbu gochuu.

Wantoota irraa barachuu qabnu keessaa:-

- ✓ Gosuummaa dabalatee wanti nuti sirna araaraa irraa barannu nama araaraaf nu jidduu seene tokko kabajaan akka murtii isaani tuffachuun malee irra fudhachuu qabnuu.
- ✓ Sirna araaraa kan aadaa kana keessa waliif loogun akka hinjirree fii gosa ykn saba ko qofa jette akka haqa dabsuun hin jirre.
- ✓ Gosummaa keessaa gumaa iratti wal bira dhabbachuu malee gosaan (sanyiin) adda walqoodanii wal miidhuun akka hin jirre.
- ✓ Aadaa teenya keessa nama haqaa ykn hayyummaa fii beekumsa qabu of dura buusanii hogganamuuni bu'a akka qabu irra baranna.

Miira natti dhaga'ame keessaa:-

- ✓ Hooji kana hojjachuu kootif gamachuu guddaatu natti dhagahamee maalif yoo jedhame akkaan ani aadaa fii duudhaa qabnu ofi cinaa ilaalee xiinxalu ana taasisee, akkasuma bifa barrefama kanaatiin qophesse dhiheessuun koo akka namni biraalleen hubatu godhuuf yaaduun koo hammaam takka akkaan biyya tiyya jaaladhu kaniin itti of bare jedheetiin yaada.
- ✓ Barreeffama kana jalqabee xumuruun kiyya jalqabbii gaarii naaf ta'ee gara fuulduraatti aadaa biyya tiyyaa tan baddee fii dagatamaa jirtu bay'ee manguddota irraa qoradhee bifa kitaabaatiin akkaan qopheessuu danda'uuf muuxannoo gaarii naaf ta'ee jira.

Xumura

Damiinumma (Gosummaa) keessatti gosti araaraf taa'anii murtoo dabarsinaan murtoon kenname maaliyyuu taanaan fudhachuun akka seeraaf bitamuuti. Namni murtii gosaatin ykn damiinaatin ol ta'u (kan murtoo kana diiguuf socha'u) jiraachuu hin qabu; murtii gosti seera tumaa irratti hundoftee dabarsite mormuun safuu dha.Kanaafuu, murtoon gosaan kenname hagam namatti yoo hadhaawe illee liqimsuun (kabajanii fudhachuun) dirqamaa ta'a.

Sirni bareedaa fii boonsaa ta'e kun saba tokko qofaaf osoo hin taane sabaa fii sablammoota biraa kan ummata oromoo afran qalloo keessa jiraatuu fii saboota ollaa isaanii jiraniif wal-dhabbii isaan jiddutti uumamtu furuuf bara dheeraaf itti fayyadamamaa sirna araara ture waan ta'ef dhaloonni yeroo ammaa baratee akkasuma itti fufsiisee dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaadha.

Madda odeefannoo

I. Namoota

Lakk.	Maqaa	Gahee hoojii	Iddoo jireenyaa
1	Ibraahim Yuusuf	Qotee bulaa	Harar aanaa soofii
2	Bahar Mohaammad	Gazaxeessaa	Harar aanaa soofii

3	Hassan Mohaammad	Qotee bulaa	Haromaayaa
4	Wandimaageny Waldee	Hoojjataa mootummaa	Harar aanaa haakim

II. Kitaabbota

1. Bahru Zewde (1998) Short History of Ethiopia and the Horn, Addis Ababa.

2. Federal Democratic Republic of Ethiopia, Central Statistical Agency (2008) Statistical Abstract,2007, Addis Ababa

3. Asefa Abebe (2005) "Indigenous Mechanisms for Prevention of Conflict: The Experience of the Oromo" in Conflict in the Horn.

4. Asmerom Legesse (1973) Gada: Three Approaches to the study of An African Society.